

DISCOVER

ITS BEAUTY

Kutaa 4ffaa

# GAAFFII MURTEESSAA DHALA NAMAA DEEBISUU

DR. NAAJII IBRAAHIIM



# Gaaffii Murteessaa Dhala Namaa Deebisuu

Islaamummaan gaaffilee murteessoo dhala namaa kanneen akka:

- Dhugaan maali?
- Eenyutu nu uume?
- Rabbi jiraa?
- Rabbiin keenya inni dhugaan eenyu?
- Nabiyyiin Rabbii inni dhumaa eenyu?
- Eenyuun gabbaruu qabna?
- Nuti eenyu?
- Sababni nuti as jirruuf maali?
- Du’uuf jirra moo hin duunu?
- Erga duunee booda maaltu ta’a?
- Jireenyi itti aanu maal fakkaata?
- Bakki dhumaa itti deemnu maalii, Jannata moo Ibidda Jahannami?
- Tasgabbii sammuu dhugaa, milkaa’inaa fi gammachuu dhugaa argachuu kan dandeenyu akkamitti?
- Jireenya bara baraa argachuu kan dandeenyu akkamitti?

**Sammuu fi garaan keessan dhugaa argachuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, mee amanamummaadhaan dubbisaatii ofuma keessanii murteessaa.**

# Dhugaa

# Dhugaan Maali?

Islaamummaan Rabbiin dhugaa tokkichi uumama mara akka uume nutti hima. Namaa fi bineensota hunda kan uume Rabbii guddaa kana qofa; dachii fi gaarreen ishee, galaanota, laggeen, biqiltootaa fi bosona ishee; aduu fi ji'a, galaaksii fi orbitoota; akkasumas halkanii fi guyyaa kan uume Rabbii guddaa kana qofa. Wantootni biroo hundinuu, kanneen nuti beeknuu fi kanneen ammallee hin argamne dabalatee, gama uumama isaa isa daangaa hin qabneedha.

Rabbiin lubbu qabeeyyii lafa irra jiran hunda uume, uumama guutuu yeroo, iddoo, anniisaa fi maatarii ishee waliin uume. Rabbiin uumama fi waan ishee keessa jiru hunda ni jiraachisa waan uumama kana keessatti ta'u hunda ni to'ata.

Haa ta'u malee namoonni tokko tokko jiraachuu isaanii **'carraa'** ykn **'uumama'** jedhu! Saayinsiin yoo ilaalle UUMAMA jechuun maal jechuu akka barbaadan haa ibsinu! **'Uumamni'** maali?


Uumama:- jechuun pilaaneetota, orbitootaa fi galaaksiiwwan; gammoojjii fi gaarreen, galaanaa fi laggeen; lafa, aduu, ji'a, urjii fi wantoota biroo akka ta'an walii gallaa? Kanaafuu wantootni kun ofumaaf of uumanii? Ilma namaan umamanii?

Qur'aanni kabajamaan akkas jedha:

***"Isin Yaa namootaa! gooftaa keessan isa isinii fi warra isiniin duraa uume qofa gabbaraa! Akka Rabbiin sodaattaniif jecha."*** (2:21)

***"Samii fi dachii dhugaan uume."*** (39:5)

***"Inni Isa halkanii fi guyyaa, aduu fi baatii uumeedha."*** (21:33)



# Allaah Gooftaa Isa Dhugaati

Yeroo baay’ee warri uumama qofatti amanan Rabbiin arguu, tuquu ykn yaalii irratti gaggeessuu waan hin dandeenyeef qofa akka hin amanne falmu!

Waggoota muraasaan dura, Ameerikaa, Oorigan keessatti, maanguddoon ollaa koo ta’e mana koo dhufee ture. Waa’ee wantoota hedduu haasofne, isaan keessaa tokko yaad-rimee Rabbii ture. Jiraachuu Rabbii mormuun, minjaala shaayii rukutee, miiraan, "gabatee kana tuquu nan danda’a waan ta'eef itti nan amana... natti dhaga'ama!" Yaada isaa kanarraa ka'uun ibsaa kutaa sana keessa jiru tokkotti akeekee, "Ibsaatti ni amantaa?" Innis "Eeyyen" jedhee naa deebise Anis "Humna ykn anniisaa ifa maddisiisaa jiru arguu ni dandeessaa?" "Lakki" jedhee. Itti dabaluudhaanis, 'Qilleensa nuti hafuura baafannu ija keetiin argitee beektaa? Miira isaa qabdaa? Halluun, bocni fi guddinni isaa maali? Hirribni maali? Halluun ykn ulfaatinni isaa maali? Wantoota meeqatti amanna osoo qabatamaan hin argin?"

Yeroo biraa immoo, dargaggeessa Kiriis jedhamu tokkoo fi haadha manaa isaa hoteela Osloo, Noorweey keessatti argamutti wal arge. Marii michoomaa isaan waliin osoo gochaa jirruu, gidduudhaan Kiriisin akkas jechuun gaafadhe, "Egaa, kaayyoon jireenyaa maali?" Innis ajaa'ibsiifatee, "Gaaffii akkasii yeroo jalqabaatiif har'a reefan dhaga'aa jira!" Itti dabaluudhaanis, "jireenyi koo kaayyoon hin qabu jedheen yaada," jechuun xumure, "Waaqa kamittiyyuu hin amanu" jedhee xumure. Maaliif jedheen gaafadhe, "Ijaan argee hin beeku" jedhee ibse. Deebii isaa irratti yaada kennuudhaan (kolfaa) "haadha manaa kee ni jaalattaa? Jaalala kana qaamaan arguu dandeessaa? Halluun jaalala ati isheef qabduu maali? Jaalalli kun hangam ulfaata?" Kiriisii fi haati manaasaa deebii akkamii kennaniiru? Yaaduu yaali! Jaalala yaada qofaan jiru kana arguu ykn qabatamaan madaaluu dadhabuun dhugaa fi jiraachuu isaa mormisiisuu akka hin dandeenye beekamaadha.




Loojikii wal fakkaatuun, Rabbiin ilaaluu waan hin dandeenyeef qofa (dandeettii fi miira keenya daangeffamaa ta'e, kan guddummaa isaa hubachuu hin dandeenyeen), kun jiraachuu isaa akka gannu nu gochuu hin qabu.

Jiraachuun Rabbii mallattoolee fi ragaalee daangaa hin qabne uumamuu atoomota, seelii, tishuuwwanii fi maashaalee lakkoofsa hin qabne keessatti, akkasumas nama hundumaa fi waan inni uume hundumaa keessatti mul'atan keessatti mul'ata, salphaatti hordofamuu danda'a.

Raajonni Rabbii kumaatamaan lakkaa'aman (maqaa isaanii keessaa muraasa qofa kan beeknu), akkasumas hordoftoonni isaanii biliyoonaan lakkaa'aman seenaa dhala namaa keessatti, jiraachuu Rabbii mirkaneessaniiru. Dhugaa ba'umsa namootaa fi mallattoolee lakkoofsa hin qabne kana tuffachuun, 'saayinsii' qofa deggaruun, osoo dhugaa dubbachuuf; yaadonni saayinsii uumama cufaa qofa ibsanii, maali ykn eenyu uumama kana uume akka ta'e godhe jedhanii osoo hin gaafatin, sababa qabeessa moo loojikiidha? Dhugaa dubbachuuf, ragaan saayinsii akka agarsiisutti, carraan uumamni keenya 'akka carraa' ta'ee uumamuu isaa dhuguma sammuu namaa kan nama ajaa'ibu xiqqaa ta'us, warri Rabbi jiraatuu hin amanne; ibsi isaan argamuu fi uumamuu addunyya (univarsii) irratti qaban 'akka carraa' ykn 'tasa' argamuu qofa. Akka isaan jedhanitti **'akka tasaatti akkas ta'e'**.

Kana yoo ilaalle, mee amantaan kamtu dhuguma caalaatti loojikii akka ta'e ilaalaa: carraan jaamaa ta'e hunda akka bulchu, moo uumamni uumamtee fi Rabbiin waan to'ateef akka jira?



# Gaaffiiwwan Kana Mee Xiinxalaa

- **Yuunivarsiin bu'aa uumaa sammuu qabuuti moo akka tasaatiin uumame?**

- **'Saayinsiin' ykn 'yaadni jijjiirama tirannaa' Rabbi jiraachuu dhabuu isaa ni mirkaneessu?**


Dhugaan Islaamaa keessa jiru salphaadha. Uumaa fi jiraachisaa uumama cufaa (Eebbifamaa fi ol-ka'aa kan ta'e) Rabbii Tokkicha qofatu jira. Nama ykn wanta kamiyyuu akka Isaa ol ta'etti ykn illee akka Isa qixa ta'etti ilaaluu hin qabnu. Rabbiin tokkicha gooftaa dhugaa isa qofa akka beeknuu fi gabbarruuf nu uume.

Warri sirritti isa gabbaran, abboommii isaa guutummaatti hordofanii, jireenya bara baraa Jannata keessaa ni argatu.

Gama biraatiin warri Rabbiif hin ajajamne, fedhii fi hawwii cubbuu isaanii hordofanii, namatti fayyadamanii fi cunqursan, gara... eessaatti akka ergamanu eegdu?

Gammachuu dhugaa fi tasgabbii sammuu argachuu kan dandeenyu Rabbii tokkicha isa dhugaa ta'etti amanuu fi isaaf bitamuu qofaani.




الله أكبر
Rabbi Hundarra Guddaadha

# Rabbiin Inni Dhugaa Eenyu?

Rabbi Islaamummaan gaaffii murteessaa kana haala ifaa fi bareedaa ta’een kan deebisu yoo ta’u, waa’ee maalummaa fi amaloota addaa Rabbii dhugaa tokkicha ta'ee bal’inaan mul’isa. Qur'aanni Ulfinaan akkana jedha:

***“Jedhi: Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahn hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Hiriyaan tokkoos isaaf hin taane.”*** (112:1-4)

Kan armaan olii kun boqonnaa Qur'aana Ulfinaa guutuudha. Boqonnaan ajaa’ibaa kun waa’ee Rabbii, Rabbii tokkicha dhugaa fi maalummaa isaa isa dhugaa gabaabsee dhugaa isa dhumaa kan dabarsudha; gaaffiiwwan barbaachisoo namoota miliyoonaan lakkaa’aman ajaa’ibsiisan ifatti deebii kenna.

Amaloota Rabbiin dhugaa ta’e uumamtoota biroo Rabbi ta’uu isaanii himan (ykn kan jedhaman) irraa adda taasisan keessaa muraasni:

- Rabbiin dhugaa kun uumaadha, Inni hin uumamnes hin dhalannes.
- Waaqni dhugaan kun TOKKO qofa. Hiriyaa fi wal-qixa hin qabu.
- Waaqni dhugaa tokkichi kun jireenya kana keessatti nutti hin mul'atu.
- Rabbi tokkichi dhugaa kun bifa qaama uumama isaa kamiinuu hin mul’atu ykn foon hin uffatu.
- Tokkichi Rabbii dhugaa kun barabaraan jiraatudha; Hindu'u, hin jijjiiramus. Yeroo hundumaa nuuf jiraata.
- Rabbi dhugaa tokkichi kun waan tokko ykn nama kan akka haadhaa, haadha manaa, ilma hin barbaadu; akkasumas nyaata, dhugaatii ykn gargaarsa gosa kamiyyuu hin barbaadu. Kan isa barbaadu warra kaanidha.
- Rabbi tokkichi dhugaa kun amaloota isaatiin adda. Wanti akka isaa hin jiru, amalli namaas ta’e bineensaas isaaf madaalamuu hin danda’u.



# Akkamitti Nagaa Sammuu Argachuu Dandeenya?

Dhugumatti Islaamummaan uumama dhalootaa keenya beekee gaaffii keenyaaf deebii kenna. Lubbuu keenyaa fi fedhii fi amala hafuuraa fi sammuu keenyaa ni dubbata. Rabbiin iccitii fi yaada gad fagoo lubbuu, sammuu fi qalbii keenya keessa jiru beeku, iccitii tasgabbii fi quufa isaanitti fidu nuuf ibsa.

Furtuuwwanii fi iccitiiwwan tasgabbii sammuu akka argannuuf nu gargaaran tokko tokko kanneen armaan gadiiti:

1) Rabbii keessan isa tokkicha isa dhugaa Uumaa beekaa.

2) Isa qofatti amanaa.

3) Fedha isaa hordofaa Isaaf ajajamuu.

4) Nabiyyoota Isaa (Nabi Muhammad dabalatee) itti amanuu.

5) Isa yaadachuu

6) Dhiifama isaa barbaadu.

7) Isa qofa gabbaruu.

8) Waan ofii keetiif hawwitu namoota biroof hawwuu.

9) Namoota biroof arjaa ta'uu fi akka isaan gammachiisuuf carraaqu.

10) Iklaasa qabaachuu (waan dalagan mindaa rabbirraa argatuu qofaaf dalaguu) fi nama Rabbiin sodaatu ta'uu.



# Goolaba

Iccitiiwwan kun nagaa sammuu, tasgabbii fi quufa, akkasumas nagaa hafuuraa, hawaasummaa fi addunyaa argachuuf, qabeenya ajaa'ibaa Qur'aana ulfina qabeessa keessaa tokko yoo ta'an, jechoota Nabi Muhammad ( S.A.W ).

Walumaagalatti, Islaamummaan gaaffilee murteessoo fi barbaachisoo ta'an dhala namaatiif deebii kennuudhaan karaa maddoota isaa gurguddoo dhugaa lamaan (Qur'aana ulfina qabeessaa fi jechoota Nabi Muhammad) nagaa sammuu, gammachuu, fi fayyina argachuu akka dandeenyu beekuu fi amanuu qofaan nu barsiisa. Rabbiin gooftaa dhugaa tokkicha, fedhii fi garaa guutuudhaan; Akkasumas raajota Rabbii isa dhugaa (Nabi Muhammad dabalatee) hundumatti amannee qajeelfamaa fi barsiisa isaanii isa dhugaa hordofuu qabna.



# Hiika Maqaa Gurguddoo Islaamummaa Keessatti

**Allaah:** Afaan Arabaatiin Allaah maqaa sirri Rabbii dhugaa tokkicha, uumaa ti. Islaamummaan Allaah gooftaa dhugaa dhala namaa hundumaa akka ta'e barsiisa. Araboonni Yihudootaa fi kiristaanaa jecha Allaah jedhu Rabbiin waamuuf fayyadamu, jecha Allaah jedhu Macaafa Qulqulluu afaan Arabaa keessatti fayyadamu

**Muhammad:** (S A.W.) Nabiyyii isa dhumaa Rabbiin dhugaa tokkichi, Rabbiin Uumaa; dhala namaa hundaaf erge.

**Qur'aana ulfina qabeessa:** Dubbii dhumaa Rabbii, Gooftaa dhugaa tokkicha, Nabi Muhammaditti mul'ate.

**Islaamummaa:** Fedha Rabbii, Rabbii dhugaa tokkichaaf bitamuu.

**Muslima:** Nama Rabbiif bitame, Rabbii isa dhugaa qofa gabbaru.

**Masjiida (Masjiid):** Bakka qulqulluu salaataa Muslimoonni irra caalaa salaataa fi ibaadaadhaaf itti fayyadaman.



Rabbiin Afaan Arabaatiin



Rabbiin (Waaqa dhugaa) kadhatu



Qur'aana Ulfina qabeessa



Muhammad afaan Arabaatiin

# Fedhii waan haaraa beekuu qabdaa?

Waa'ee Islaamaa odeeffannoo dabalataa fi bal'aa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan marsariitii keenya daawwadhaa:

**www.discoveritsbeauty.com**

## Walfaannee Bareedina isaa Qorachuu:

1. **Fiixee qarsaa cabbii qofaa**
2. **Amantii Aadam fi Hawwaa**
3. **Bu'uura Islaamaa**
4. **Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu**
5. **Maqaa isaa gaggaarii**
6. **Ergaa dhumaa**
7. **Ergamaa xumuraa**

## MARSARIITII ISLAAMAA BU'AA QABEESSO TA'AN:

http://www.allahsquran.com

http://www.quranexplorer.com

http://www.islamhouse.com

http://www.edialogue.org

http://www.islamreligion.com

http://www.newmuslimguide.com

http://www.guidetoislam.com

# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa)

“Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:

أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمداً رسول الله

kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,**
**WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN**
**RASUULU-LLAAH.**

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.






GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)
LONDON | THE UNITED KINGDOM

Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD
www.alandalusgroup.org

كتاب الإجابة عن تساؤلات البشرية الحاسمة بلغة الأورومو